Public Health
Seattle & King County

# Dhukkuba Michii (Vaayirasii Herpes Simplex Gosa 1 [HSV-1])

**Kabajamoo Maatii ykn Guddiftuu,**

**Waraqaan haqaa kun isiniif kennamee jira:**

- ☐ **Sababni isaas isin ykn daa'imni keessan HSV-1'f saaxilamtanittu ta'uu danda'a.**
- ☐ **Dhimma odeeffannoo qofaaf.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Waa'ee Dhukkuba Michii

### Dhukkubni michii maali?

- Dhukkubni Michii infeekshinii afaanii, funyaanii fi hidhiiwwanii kan vaayirasii ‘herpes simplex’ gosa 1 (HSV-1) jedhamuun dhufuudha. Madaa ho'aa (fever blisters) jedhamuunis ni beekamu.
- HSV gosoota lama qaba. HSV gosa 1 yeroo baayyee afaan irratti michii kan fidu yoo ta'u, HSV gosti 2 ammoo madaa qaama saalaa (genital herpes) fida.
- Namni tokko erga HSV-1 dhaan qabamee/qabamtee booda vaayirasiin kun yeroo baay’ee qaama keessa turuun darbee darbee mallattoolee dhukkuba kanneen fiduu danda’a.

### Eenyutu qabamuu danda’a?

- Namni kamiyyuu HSV-1'dhaan qabamuu fi michiidhaan qabamuu danda'a.
- Namoonni yeroo baay’ee daa’imummaa isaaniitti vaayirasii kanaan qabamu.

### Mallattooleen dhukkuba kanaa maali?

- Yeroo tokko tokko namni tokko HSV-1qabaachuu fi mallattoolee dhukkubaa tokkollee agarsiisuu dhiisuu danda'a.
- Namni tokko yeroo jalqabaaf mallattolee dhukkuba HSV-1'dhaan yeroo qabamu kan armaan gadii of keessatti haammata:
  - Ho'a qaamaa (American Academy of Pediatrics ho'a qaamaa akka teempireechara 100.4ºF [38ºC] ykn isaa ol ta'etti ibsa)
  - Madaa dhukkubsataa fi diimaa ta’ee fi dhuma irratti gara madaa bishaan qabate afaan keessatti kan jijjiiramu yoo ta’u, kunis foon ilkaanii fi hidhii dabalatee
    - madaan bishaan qabate dhangala’aa ifa ta’ee fi dhiiguu danda’u qaba.
    - madaan bishaan qabate suuta suutaan gogee qonyanyaa ta’a.
  - Madaa hoqsisu ykn amala jijjiiru
- Infeekshinii jalqabaa booda, HSV-1 akkaataa idileetti madaa bishaan qabate hidhiiwwan irratti mul’isa. Isaan kun dhukkuba michii ykn madaa ho’a(fever blisters) jedhamu.
- Gareewwan namoota HSV-1'dhaan qabaman tokko tokko carraan daraan dhukkubsachuu ykn rakkoowwan fayyaa qabaachuu isaanii guddaadha, namoota sirna dhibee ittisuu isaanii dadhabe dabalatee. Namoonni garee balaa olaanaa irra jiran HSV-1'dhaaf saaxilameera jedhanii yoo yaadan ogeessa fayyaa isaanii qunnamuu qabu.

**HSV-1 Akkamitti tatamsa'a?**

- Vaayirasichi carraa olaanaa tatamsa'uu kan qabu madaan michii mul'achuun duratti torban lamaan dura fi yeroo madaan michii jiruudha.
- Dhangala'aa madaa michii keessattii fi hancufa (gorora) nama madaa michii qabu keessatti argama.
- Akkasumas kan armaan gadiitin tatamsa'uu danda'a:
    - Meeshaa ykn lafa vaayirasicha irra jiru (ashaangulitii afaanii) tuquun booda harka hin dhiqamin ija, funyaan ykn afaan tuttuquu.
    - Meeshaalee nyaataa ykn kubbayyaa nama madaa michii qabu waliin qooddachuu.
    - Madaawwan banaa kallattiin tuquu (fakkeenyaaf, dhungachuu).

---

## Daa'imni Koo Maddawwan Michii HSV-1'dhaan dhufuun Qabamuu Isaa/ishee Akkamittan Beeka?

HSV-1 infekshiniiwwan biroo madaawwan afaanii fidan (fakkeenyaaf, dhukkuba miilaa, harkaa fi afaanii, madaawwan kaansarii, thrush (maasa'uu afaanii)) wajjin walfakkaachuu waan danda'uuf adda baasuun rakkisaa ta'uu danda'a. Ogeessi fayyaa qorannoowwan ajajuun HSV-1 ta'uu isaa adda baasuu danda'a.

**Yoo gaaffiilee dabalataa qabaattan ykn daa'imni keessan HSV-1'dhaan qabamuu mala/malti jettanii yaaddoftan, ogeessa fayyaa keessan quunnamaa. Waraqaan kun odeeffannoo waliigalaa qofa kenna.**

---

## Daa'imni Koo Maddaawwan Michii HSV-1'dhan dhufuun Qabamuu Isaa/ishee Qabame/Qabamte Maal Godhuun Qaba?

**Yoo daa'imni keessan HSV-1'dhaan akka qabame/tte adda baafame hatattamaan ogeessa fayyaa keessan ykn mana barumsaa duraa beeksisaa.**

**Dhukkubni michii akkamitti yaalama?**

- Qorichoonni farra vaayirasii yeroo madaan michii fayyuuf fudhatu gabaabsuuf gargaaran jiru. Waa'ee filannoowwan yaalaa daa'ima keessaniif ogeessa fayyaa keessan waliin haasa'aa.

**Ani HSV-1 akka hin tatamsa'ane akkamittan dhorkuu danda'a?**

- Yeroo baay'ee harka dhiqachuu.
- Ija, funyaanii fi afaan keessan tuquu dhiisuu.
- Nama madaa michii qabu kamiyyuu waliin kubbayyaa, meeshaalee nyaataa, nyaataa fi dhugaatiiwwan qooddachuu irraa of qusadhaa.
- Meeshaalee taphaa fi meeshaalee biroo ijoolleen afaan isaanii keessa kaa'an bishaanii fi saamunaadhaan sirriitti qulqulleessaa.
- Madaan michii yeroo danda'ametti faashaadhaan haguugamuu qaba.

---

## Daa'imni Koo Kunuunsa Daa'imaa Irraa Mana Turuu Ni Barbaachisaa?

**Lakki.** Daa'imman HSV-1'dhaaf saaxilaman mana turuun isaan hin barbaachisu.

Daa'imman yeroo ammaa madaa michii HSV-1'dhaan dhufu qaban kunuunsa daa'imaa irratti argamuun itti fufuu danda'u yoo kan armaan gadii ta'e malee:

- Mallattoolee biroo waliin ho'a qaamaa (tempireechara 100.4ºF [38ºC]] fi isaa ol) qabu ta'e.
- Gorora isaanii to'achuu hin danda'an.
- Madaawwan banaa kan haguugamuu hin dandeenye qabu.
- Sochiiwwan daree keessatti hirmaachuuf miira gaarii hin qaban ta'e (fakkeenyaaf: dadhabbiin isaanii haala hin baratamneen; jeeqamuu ykn goolamuu; ykn yeroo idilee caalaa boo'uu ta'e).

**Maaloo imaammata dhukkubaa sagantaa kunuunsa daa'ima keessanii hordofaa.**

---

## Wabiiwwan

American Academy of Pediatrics

- Caring for our Children, Chapter 3 Health Promotion and Protection, 3.6 Management of Illness, 3.6.1 Inclusion/Exclusion Due to Illness
- Caring for our Children, Chapter 7 Infectious Diseases, 7.7 Herpes Viruses, 7.7.2 Herpes Simplex
- Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 6th Edition. Pages 119-120